# FILTUU HAARAA

VOTE 2022

*Filuuf Haaraadhaa? Hindhiphatin-toorri Kanaan gadditti jiru akkaataa siif ibsaati.*

## *BAKKA ITTI FILUUF RAMADAMTE DHQI*

Bakka filmaataa itti ramadamtetti filuun dirqama. Yeroo hedduu naanawa ati jiraatuti argama. Bakka filmaataa kee mnvotes.org irra ilaali. Bakki filmaataa irra guddaan 7:00 wd hanga 8:00wb ti banaadha.

## *ACHI GAHUU KEE BEEKSISI YKN GALMAA'I*

Yoo filuuf galmoofteetta ta'e, maqaan kee galmee namoota filanii irra jiraata. Kan gochuun si malu cina maqaa keetiiti mallatteessudha. Yoo dursitee galmoofteetta ta'e, waraqa eenyummaa agarsiisuun si irra hin jiraatu.

Yoo dursitee Guyyaa Filmaataa dura hin galmoofne ta'e, teessoo kee ammaa ragaa mirkaneessu agarsiisuu qabda. Fakkeenyaaf, heeyyama konkolaataa ittin oofan kan Minnesootaa, ykn waraqaa eenyummaa suura fi teessoo kee ka duraanii qabu, waraqaa kafaltii teeso kee kan ammaa qabu waliin agarsiisuu qabda.

Waraqaa eenyummaa fi ragaa akkamii qabatee dhufuun ka si malu beekuuf mnvotes.org ilaali.

### *GUYYOOTA 2022*

***FILMAATA DURSAA***
*Wiixata, Hagayya 9*

***GUYYAA FILANNOO UTUU ACHITTI HIN ARGAMIN FILUU***
*Karaa mana poostaa filmaata kee erguu ykn kallatiin Birraa 23 hanga Sadaasa 5ti fili.*

***FILUUF GALMAA'UU***
*Guyyaa Filannoo yeroo qusachuuf dursii hanga Onkoloolesa 7 ti galmaa'i.*

***GUYYAA FILMATAA***
*Wiixata, Sadaasa 8*

*duubarraan itti fufa...*

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.org • 1-877-600-VOTE*

# FILTUU HAARAA

VOTE 2022

*...fuula duraa irraa itti fufe*

## *FILI*

Bakka dhooksaa ti filta, filannoon ke iccita. Qalama ykn irsaasaan fili akkasumas, cinaa nama filtee isa jiru geengoo guutummaati guuti.

Ittiin geggeeffami filannoo waajira jiraniif tokko tokkoon kaadhimamtoota meeqa filuu akka si malu hin hima. Yeroo irra guddaa "tokko fili" jedha.Waajiri naannoo barcuma tokkoo ol kan filu qabaachuu danda'a..

Dorgommii ykn gaaffii waraqaa filannoo hundaa yoo filuudha baate iyyuu, waraqaan filannoo kee ni lakkaa'ama.

## *WARAQAA FILANNOO KEE SAANDUQA WARAQAA FILANNOO TI GEESI*

Erga filte booda, waraqaa filannoo kee mashiina waraqaa filannoo keessa galchi. Maxxantuu "Fileera" jetu utuu baak sanaa hin deemin fudhachuu hin dagatin.

## *DURSIITII WARAQAA FILANNOO UTUU GUYYAAN FILMAATAA HIN GA'IN FILANIIN FILI*

Bakka filmaataa ganda keetiiti Jimaata Birra 21 eegaltee dursitee filuu ni dandeessa. Akkasumas, waraqaan filannoo bakka filmaataatti utuu hin argamin ittin filan karaa mana postaa teesoo keeti akka siif ergamu gaafachuu ni dandeessa. Waajira filmaataa ganda kee ykn waraqaan filannoo bakka filmaatatti utuu hin argamin ittin filan gaafachuuf, mnvotes.org ilaali.

***FILUUF JIRUU IRRAA BOQONNAA FUDHACHUU***

*Kafaltiin ,dhimmi ofiif ooluu, ykn yeroo boqonnaa kee utuu hin tuqamin, mirga filuuf jiruu irraa boqonnaa fudhachuu qabda.*

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.org • 1-877-600-VOTE*